ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT **جبهة تحرير اوروموـ**

Gaafa: 07-04-2011
Date: تاريخ

Lakk.: stm01/xal-abo/2011
No.: رقم

Ibsa Gaddaa

Jaallee Lidiyaa Namarraa, abbaa isii Obbo Namarraa Dheeressaa fi haadha isii adde Magartuu Gammadaa irraa bara 1954 Dhiha Wallaggaa aanaa Najjootti dhalatte.

Umriin isii barnootaaf akka gaheen barnootaa sadarkaa duraa mana barnootaa Misiyoonaa Swiidini magaalaa Najjootti argamutti baratte. Barnoota sadarkaa duraa Najjotti eerga xumuratteen booda barnoota sadarkaa lammaaffaa mana barnootaa "*Debrezeit Ethiopian evangelical college"* jedhamu magaalaa Bishooftuutti argamutti itti fufte. Ulaa kudha lammaffaatti qormaata ESLCE kennamu fudhattee qabxii universitii isii seensisu waan fiddeef *Haile Sillaase First University* bara 1973 – 1974 seente. Akka Dargiin aangoo fudhateen dirqama *Zamachaa* jedhamu irraa qooda fudhatee, universitytti deebi'un barnoota isii xumuruun digirii sakarkaa duraa argachuun eebbifamte. Akka eebbifamteen hojii mootummaa haga tokko osoo hojjataa jirtuu barnoota dabalataa argachuuf carraa scholarship bara 1985 argattee biyya England deemtee barnoota ol aanaa hordofuun digirii lammaffaa xumuruun eebbifamte.

Jaal Liidiyaa Namarraa bara barattuu sadarkaa lammaffaa turte irraa eegaltee dargaggootaa fi barattoota Oromoo waliin ijaaramuun qabsoo bilisummaa Oromoof qooda irraa eegamu gumaachuu jalqabde. Wayta barataa Yuniveristii Finfinnee turtetti barattoota sab-boontota Oromoo waliin ijaaramuun sochii barattootaa Oromoo yeroo sana godhaa turan keessatti qoodni gumaachite ol aanaa dha.

Jaal Liidiyaa Namarraa erga biyya alaatti baatee ammo barattoota Oromoo biyya Awroppaa fi Amerikaatti of ijaaramanii qabsoo bilisummaa deggeranitti makamuun qooda guddaa kennite. Keessaafuu waldaa Tokkummaa Oromoo Awroppaa dame UK keessattii fi Waldaa Gargaarsa Oromoo keessatti qoodni isiin kennite guddaa dha. Jaal Liidiyaa Namarraa wayta biyya alaa turtetti rakkoon siyaasaa ummata Oromoo addunyaa biratti akka hubannoo argatu taasisuuf Tokkummaa Barattoota Oromoo Awroppaa (TBOA) keessatti ijaaramuun qooda ol aanaa gumaachite. Kanatti dabaltees rakkoo ilmaan Oromoo irra gahu furuuf sochii godhaa turteen , biyyoota olla Itophiyaa kan akka Sudaan, Jibuutii fi Keenyaatti marmaaruudhaan haala baqattootni Oromoo keessatti argamanii fi rakkoo biyyoota ollaatti isaan mudatu qoratuun hawaasni addunyaa akka hubatu taasisuu dhaan dirqama Oromummaa bahataa turte.

P.O.Box 6973 Asmara, Eritrea Tel 2911 110236 Email: abamilki@gemel.com.er, *www.oromoliberationfront.org*

Haaluma kanaan wal qabateen Jaal Liidiyaa Namarraa waajjira WGO UK-tti gaafatamtuu tahun waggaa dheeraaf hojjatte. Wayta kanattis baqattoota Oromoo Sudaan, Keenyaa, Jibuutii fi Ertiraa jiran gargaarsa adda addaan akka dhaqqabaman taasisuu keessatti qooda mul'ataa qabdi.

Jaal Liidiyaa Namarraa rakkoo ummata Oromoo furuuf kanneen of kenniinsaan sosso'an keessaa tokko, biyya Ingiliiziitti bakka bu'aa ABO tahuun kan hojjatee fi Kutaa ABO UK keessatti kan qooda ol aanaa gumaachite dha.

Jaal Liidiyaa Namarraa hanga biyya Ingilizii jiraachaa turtetti baqattootni Oromoo fi walumaa gala baqattootni Itophiyaa biyya Ingiliizii seenan akka koluu galtummaa argatanii fi gaaddisa seeraa dhabuun biyya itti baqatan irraa gara Itophiyaatti akka hin darbamne taasisuuf hifannaan malee mana murtiitti marmaaruun balaa mootummaan Itophiyaa irraan gahuu malu irraa baraaruu keessatti kan qooda ol aanaa qabduu fi baqattoota biratti ulfinaa fi jaalala guddaa qabdu dha.

Jaal Liidiyaa Namarraa hirmaannaa fi qooda qabsoo keessatti qabaachaa turte Kora Sabaa ABO bara 2004 godhame irratti miseensa Gumii Sabaa ABO tahuun filamtee Damee Hawaasummaa jalatti gaafatamtuu Birkii Hirphaa fi Hadhaadhiyyaa tahuun hanga addunyaa kana irraa du'aan boqatutti dirqama lammummaa fi qabsoo bahataa turte.

Hogganni ABO du'aan boqotuu J/Liidiyaa Namarraatti gadda ol aanaa itti dhaga'ame ibsaa, maatii, firoottan, jallan qabsoo ishee maraa fi waahellan qabsoo maraan irraa hafaa jedha.

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!
Injifatnoo Umama Oromof!
SHG-GS-ABO